


# Dursaatii poostaadhaan filadhaa

## ☐ Filachuudhaaf [mnvotes.gov](mnvotes.gov) irratti galmaa'aa

- Toora intarneetiirraan galmaa'aa **ykn**
- Iyyata galmee keessanii piriintii godhadhaa **ykn**
- Galmaa'uu keessan adda baafadhaa

## ☐ Waraqaan filannoo qaamaan osoo hin dhiyaatin filachuu poostaadhaan akka isiniif ergamuuf iyyadhaa

- Toora intarneetii irraan iyyachuuf [mnvotes.gov](mnvotes.gov) daawwadhaa
- Iyyata keessan karaa poostaa, faaksii, ykn iimeelii Filannoowwan Kaawuntii Heenepiniif deebisaa ergaa

## ☐ Waraqaa filannoo keessan irra maal akka jiru baraa

- Iddattoo waraqaa filannoo keessanii [mnvotes.gov/myballot](mnvotes.gov/myballot) irraa ilaalaa

## ☐ Waraqaa filannoo keessan fudhaatii guutaa

- Qajeelfamoota waraqaa filannoo keessanii waliin dhufan of eeggannoodhaan dubbisuu keessan mirkaneeffadhaa
- Filataa galmaa'e ykn nama seera-qabeessa ta'erraa mallattoon wabii ni barbaachisa
- Dursitanii kan hin galmoofne yoo taatan, unka galmee dabalataatu akka guuttaniif isinii kennama

## ☐ Waraqaa filannoo keessan deebisaa

**Poostaadhaan**

Waraqaan filannoo keessan lakkaa'amuuf Guyyaa Filannootti qaqqabuu qaba

**Qaamaan**

Guyyaa Filannootti waaree booda sa'a 5 osoo hin darbin waajjira filannoo naannoo keessaniitti qaamaan geessaa

## ☐ Waraqaa filannoo keessan asirraa hordofaa [mnvotes.gov/track](mnvotes.gov/track)

Waraqaa filannoo keessanii ilaalchisee rakkoon yoo jiraate, karaa 612-348-5151 ykn [hc.vote@hennepin.us](mailto:hc.vote@hennepin.us) Filannoowwan Kaawuntii Heenepin quunnamaa